# Namni dubara lama hanga umrii dargaggummaa ga’anitti guddise, anaa fi inni guyyaa qiyaamaa ni dhufna» jedhanii qubbeen isaanii walitti qaban

A̱nas bin Maalik irraa akka odeeffametti- Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Namni dubara lama hanga umrii dargaggummaa ga’anitti guddise, anaa fi inni guyyaa qiyaamaa ni dhufna» jedhanii qubbeen isaanii walitti qaban.
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni ijoollee dubaraa lama ykn obboleettii lama kennamee, hanga guddatanii baallaghanitti deeggersaan, tarbiyaan, kheyrii keessatti qajeelfama isaanif kennuun, hamtuu fi waan sana fakkaatu irraa isaan baqachiisuun isaan tajaajile; guyyaa Qiyaamaa innii fi Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-akka quba lamaanii kanatti dhufan, quba agarsiiftuu fi quba gidduu walitti qabanii akkas jedhani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee